# Inshuraansii Fayyaa Nama Hundaaf

Namoonni Washington keessa jiraatan kamiyyuu, sadarkaan baqattummaasaanii maal yoo ta'eyyuu inshuraansii fayyaafi ilkaanii argachuu ni danda'u.

## Galmaa'uuf adeemsa hordofamuu qabu

- ### Odeeffannoo keessan walitti qabaa
  Tarree Iyyannoo. Galmaa'uudhaaf lakkoofsa Wabii Hawwaasummaa si hin barbaachisu.
- ### Deeggarsa Argadhaa
  Naavigeetarii barbaadaa ykn Giddu Gala Deeggarsa Maamilaa qunnamaa: 1-855-923-4633 TTY/TDD: 1-855-627-9604
- ### Iyyaticha guutaa
  Inshuraansidhaaf karaa onlaayinii ykn naavigeetariidhaan qaaman argamtanii galmaa'uu dandeessu.

Washington Healthplanfinder sagantaawwanii, WA Health Path fi qusannaawwan federaalafi naannoo argachuuf ulaagaa guutuu keessan adda baasa. Deebiiwwan erga agatanii booda karoora filachuufi galmaa'uuf qajeelfamoota iskiriinicha gubbaa jiru.

## Inshuraansiin baasii hagam gaafata?

Baasiin inshuraansii galii, lakkoofsa maatii akkasumas bakka jiraattan dabalatee wantoota garaa-garaa irratti hundaa'a. Namoonni tokko-tokko sagantaawwan baasii ji'aa gadi xiqqeessan argachuuf ulaa guutu. Naavigeetariin sagantaaleen isniif malan yoo jiraatan akkasumas ji'a ji'aan hangam kaffaluu akka qabdan akka hubattan isin gargaara. Cascade Care karoorriwwan yeroo hundumaa bifa jechuun danda'amuun maallaqa keessaniif uwwisa filatamaa kennu.

## Odeeffannoon kiyya icciitiinsaa kan eegameedhaa?

Nageenyi kee nuuf barbaachiisaadha. Odeeffannoon kan fayidaarra oolu karoorawwan inshuraansiifi qusannaawwaan argachuu dandeessan barbaaduf qofa. Washington Healthplanfinder namoota sadarkaa baqattummaa federaalaan beekamtii hin arganneef hin qoodu.

Yoo galmooftan Apple Health (Medicaid), Odeeffannoon keessan Abbaa Taayitaa Waldhaansa Fayyaatiin (Health Care Authority, HCA) to'atama. Waa'ee icciitii HCA dubbisaa.

## Odeeffannoowwan dhiyeenyaa kanaa

Jijjirama gama federaalaan taasifame hordofuun Washington Healthplanfinder inshuraansii ykn qusannaa keessan irratti dhiibbaa kan qabaatu yoo ta'e, isin beeksifna.

Namoonni Washington keessa jiraatan hundi Washington Healthplanfinder fayyadamuun inshuraansii fayyaafi ilkaanii argachuu danda'u, kunis kan of keessatti hammatu Deferred Action for Childhood Arrivals (DACA) kanneen fudhataniifi namoota "federally recognized immigration status" (sadarkaa baqattummaa federaalan beekamtii hin arganne qabaniidha).

Federaalli jijjiirama taasisuu irraa kan ka'e, namoonni DACA fudhatan "lawfully present" yeroo iyyata isaanii keessa (seeran jiraachuu) gaafataman "No" (Lakki) jedhanii deebisuu qabau.

## Odeeffannoo karoorafi sagantaa

Inshuraansii akka argattan kan isin gargaaran karoorriwwaniifi sagantaawwana garaa-garaa jiru. Waa'ee filannoowwan jiranii baruuf galmee jalqabaa.

**Liinkiwwan odeeffannoo qaban jiru, garuu afaan keessaniin ta'uu dhiisuu malu. Afaan keessaniin deeggarsa argachuuf naavigeetarii ykn Giddu Gala Deeggarsa Maamilaa qunnamaa.**
1-855-923-4633
TTY/TDD: 1-855-627-9604
Gargaarsi afaannota 200 oliin jira.

## Cascade Care

Cascade Care karoorriwwan karaa Washington Healthplanfinderqofaa argamu. Karoorriwwan kunneen caalmatti namoota ulaagaa guutaniif kan danda'amuudha.

- Cascade Care
- Cascade Care Savings

## Kireditiiwwan gibiraa

Kirediitiiwwn gibiraa hanga ati karoora fayyaa keetiif ji'a ji'aan kaffaltuu hir'isa. Mootummaatiin kan kaffalaman yoo ta'u angafoo/qarruu karoora fayya keetiif kan ta'anidha. Kireditiiwwana gibiraa karaa Washington Healthplanfinder namoota ulaagaa guutan qofaaf argama.

- Kireditiiwwan gibiraa

## Apple Health

Apple Health dubartoota ulfaa, ijoollefi gaheessota akkasumas tajaajilawwan kutaa waldhaansa hatattamaaf beellama dhaabbataan doktara bira deemuu bilisan ykn gatii gadaanadhaan dhiyeessa. Apple Health akkasumas Washington keessatti maqaa Medicaid ti Kunneen sagalee muraasa isiniifi maatiin keessan argachuu maltaniidha, maqaawwan tokko-tokko akka rifiransiitti Ingiliffaafi afaan keessaniin dhiyaataniiru:

- Apple Health
- Apple Health for Kids
- Apple Health for Pregnant Individuals
- Uwwisa Ulfa Boodaa / After-Pregnancy Coverage
- Babal'ina Apple Health / Apple Health Expansion

## Sagantaawwan biroo

Sadarkaan ykn haalli keessa jirtan maaliyyuu yoo ta'e, sagantaawwan dabalataa isiniifi maatii keessan gargaaruu danda'an jiru.

- Karoora Maatii Qofa / Family Planning Only
- Tajaajilawwan Waldhaansa Meedikaalaa / Medical Care Services
- Wallaansa Atattamaa Addaa) / Alien Emergency Medical

## Risoorsiwwan

- Waa'ee sanadoota fudhatama argataniifi akkamitti sanadoota kana galchanii caalmatti baraa.
- Waa'ee inshuraansii fayyaafi ilkaaniif iyyachuuf sadarkaalee jiranii caalmatti baraa.
- Waa'ee deeggarsa hiika afaaniifi wantoota hiikaman argachuu caalamtti.